# Biiftuun Hin Gortu, Kan Goretti Dhiiti!!

**(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)**

Erga gaafa daangaan Oromiyaa diinaan cabdee jalqabee Oromoon bifa bittinaaweenis bifa ijaarameenis qabsoo wal irraa hiin cinne taasisaa turuun isaa ifa galaadha.

Duuba, ganamuma Oromoon gamtaanis ta'e dhuunfaan biyyasaa diina irraa ittisuuf gaafa qabsoo jalqabe, ofirratti hirkattummaa mataa isaatiin malee eenyuuniyyuu abdatee hin turre.

Kanneen akka Janaraal Huseen Buneefaa Sangoota ofii gurguraniiti, Qawwee bitatanii nafxanyoota of tuultota ajjeesanii gootumaasaanii agarsiisaa turan.

Malee yeroo itti gabrummaa simatanii harka maratanii itti taa'an hin turre. Kanaafis ragaalee hedduu kaasuun ni danda'ama.

Qabsooon Saba Oromoo kun bu'aa ba'ii hedduu keessa kan bahe ta'us dhumarratti ititee bifa seera qabeessa ta'een idiloomee, irreessaa tokkoomsatee gara Dhaaba ABO hundeessuutti tarkaanfatee jira.

Kunis seenaa Qabsoo uummata Oromoo keessatti tarkaanfii isa ol'aanaa ta'uusaa ni hubanna!

Dhaabichi ABO tiis akkuma amala qabsoo kamiiyyuutti qorumsoota ulfaatoo akkam jajjaboo ta'an keessa qaxxaamuruuni mataa baafatee humnasaa cimsachaa injifannoolee ciccimoo goonfachaa akka dhufe, kan ilaallee agarruufi galmeeleen seenaa dhugaa bahu.

Biyya keenya keessatti qofaa otoo hin taane guutuummaa addunyaa kana irrayyuu haqni hedduun dabeeti agarra.

Addunyaa kana ni dursina warri jedhanis ta’e dhaabbileen kanneen akka mootummoota idil addunyaa ykn Gamtoomaniitiis haalli inni itti biyyoota ykn mootummoota biyyoota isa jalatti argamanii itti qabatee jiru hedduu laafaa ta’uu isaarraa kan ka’e, yoo abbaan haqni isaa dabe jabaatee carraaqateen achitti humna ofiitiin bu’aa inni biyyoota akka Oromiyaatti walabummaafi Bilisummaan isaanii sabrameef buusu kan nama mirqaansu miti ykn ammoo hin jiruyyuu jechuu ni dandeenya.

Yoo jiraates Mootummoota gamtoomanii kana keessatti qooda ol aanaa biyyootiin qaban  faayidaan walitti hidhamanii kan jiran  yoo taate, faayidaa isaanii eegsifachuuf jecha gochaa daddabaa yeroo hijjetan kan argamanidha.

Kanaafuu hidhatni addunyaa keenyaa kun heeraafi seera irratti ykn haqa irratti otoo hin taane faayidaa irratti qofa kan walitti hidhamte taateeti argaa jirra.

Kanaafuu haqa ofii dabe sirreeffachuufi bakkatti deeffachuuf wanti barbaachisu ofuma ofii jabaatanii dhaabbachuudha malee isaan kana irraa waa eeguun buddeena abjuuti ykn ammo bakka loon hin oollee kuboota funaanuuf yaaluudha.

Biyyootiiin haqa isaanii deeffatanii qajeelfatan hundumtuu tokkollee kan tola, kadhaan haqa ofii deeffate seenaa biyya kamiiyyuu keessatti takkaa mul’ate argamee dhagahamee hin beeku. Kun waan hin turre, waan hin jirrefi of duras hin jiraannedha.

Hundi isaanii haqa isaanii qabsoo isaaniitiin deeffatan.

Nutis akka Oromootti kan itti jirru kanadha malee bilisummaa teenyee kadhaan diina irraa fudhachuuf kajeelaa hin jirru.

Gaafa nuti jabaannee diina keenya ofirraa dhorkinee injifannee humna jabaa ijaarranne biyyootiin Mootummaa gamtoomanii

keessatti irree cimaa qaban kun hunduu nutti firoomuu ykn shariikuu barbaadu.

Kun sirriitti hubatamuu qaba. Akkuma ilmi sabaa weellisaa Hirphaa Gaanfuree geerarsa Oromoo geeraredha dubbichi. "…Jabaadhu yaa mogolee jajjabaadhu yaa qolee…." Dhugaansaas kanadha.

Yoo ati jabaatte, ofumaaf keessaa baata malee namni si gargaaru hin jiru, Yoo ati jabaatte ammoo kan si barbaadu hedduudha. Firrikees hedduudha.

Haqa kana kanneen hin hubanne tokko tokko yeroo taa'anii hamii gadi roobsan argina; dhageenyas.

Jarri hamii afarsu kun gariin hawwii fi dharraa Bilisummaaf qaban irraa kan ka'e yoo ta'u, gariin ammoo ajandaa holola diinaa ykn otoo beekaniis ta'e otoo hin beekiin meeshaa diinaa ta'anii saba hamlee buusuuf kan bobba'anidha.

Haala fi adeemsa qabsichaa kan hin hubanne namoonni gariin "…ABO'n erga hundeeffamee waggaa 40 tii ol fixeera, hamma yoonaatti bilisummaa sabaa galmaan hin geenye…" jechuun hamatu.

Jarri akkanatti holola hafarsu kun wanti isaan hin hubanne ABO jechuun Uummata Oromoo jechuu ta'uu isaati. Kanaaf ABO jechuun isaanuma hamii hololaa jiran kanadha. Garuu jarri akkanatti hamatan kun akka Oromummaa isaaniitti wanti isaan Oromummaa isaaniifi bilisummaa isaaniif gumaatan ykn  buusan maal akka ta'e takkallee of gaafatanii hin beekan. Akka isaan yaadanitti ABO jechuun humna addaa isaan irraa gara biraa ta'ettidha. Kanaaf qaamni addaa kun bakka isaan taa'anitti bilisummaa isaaniif fida ykn geessa jedhaniiti eeggachaa jiru. Kaan haa hafuu bilisummaan wareegaan malee akka argamuu hin dandeenye illee warra hubate miti.

Bilisummaa jechuun baasii gumaata maallaqaa illee caalaa ykn gatii baasii lubbuutiin kan bitamu ykn argamu wanta hunda daran qaalii

ta’uu isaa illee otoo hin hubatiin akka meeshaa gabaatii bitamee galuutti bilisummaa salphisanii ykn rakashiisanii ilaalu. Kanaaf akka namani barruu isaaniirra geessee kaa’u warra barbaadanidha isaan kun.

Gareen kun akkanatti otoo hin beekiin akka nama quba isaatiin ijasaa waraaneetti yeroo dhaaba isaanii irratti duula banan bara Bilisummaa Oromoo duubatti harkisaa kan jiru isaanuma mataa isaanii ta’uu hin hubatne. Kana gubbaatti akka akkas ta’anis kan godhu diina waan ta’eef diinni ykn gabrummaan Oromoo keessa hangam takka akka gadi saartee; fagaattee hidda jabeeffatte hin hubanne, akkuma salphaatti akka haramaa halkan tokkotti waan buqqisanii darbuu danda’anis sehu.

Hubannooma  kanas akka dhaban kan godhe ammas gabrummaadha.

Gabrummaan  waraana ABO isa hidhatee jiru qofaan hin buqqa’u. Kan kana taa’ee eegaa jiru yoo jiraate ammas of haa sirreessu. Dhuguma gabrummaa buqqisuuf yoo ta’e, yoo holola diinaa hamiif hin ta’iin, Gabrummaan kan buqqa’u uumaanni hundi, humni kan koofi kan keessanis itti dabalameeti. Anis isinis bakka jirruu ganda jirrutti yoo waa gumaachine qofadha. Kanaafuu akka gabrummaan unurra turtu kan godhe anaafi isinidha jechuudha.

Oromoon kan bilisoomtu, anaafi isinis kan bilisoomnu, gaafa bilisummaa namarraa teenyee eeguu dhiifne qofadha!.

Hamma gumaata mataa keenyaa bilisummaaf hin goonetti kan uf gabroomse unuma mataa keenya waan ta’eef eenyuunuu komachuu hin qabnu!!

Waa halle daran kan Oromoof barbaachisu qabsoo hidhannoo jabeessuu ta’uun kan wal nama gaafachiisu yoo ta’uu  baatelle, qabsaa’aa ta’uufis hundumtuu hidhachuun waajibas miti! Inni hidhatee jiru uummata keessa seenee akka hojjetu haala mijeessuun,

ykn ammoo waan inni hidhatee jiru uummata keessa seenee hojjechuuf hin mijoofneefii hojjechuun hidhatanii loluutiin gadi miti. Qabsoof gumaata tinnisuun xinnoo hin qabdu.

Nuti Oromoon bilisummaa barbaaduun keenya wal nama hin gaafachiisu. Kun ifa galaadha. Egaa bilisummaa barbaanna taanaan waan tokko bilisummaa wajjiin akka jiru haa barru! Innis gumaatadha. Gumaata bilisummaaf unurraa barbaadamu haa baanu! Bilisummaa keenyaaf wanti numararu waanti tokkollee akka hin jiraanne barbaachisa.

Wanta dhabne dhabnee bilisummaa haa argannu! Qabeenyaa keenya, hojii keenya, fayyaa keenya ykn qaamaafi lubbuu keenyallee nugaafachuu akka malu beeknee itti haa seennu. Garuu, wanti guddaan bilisummaaf wanti numararu homti tokkoyyuu hin jiraatiin!!

Gabrummaa keessa jirru kana ho'ifannee roorroo simannee, boru ilmaan keenya keessaa ba'u jennee isaanitti dabarsuu hin qabnu! Kan qaata Janaraal Waaqoonfaan jedhani dhugaadha. Gaafas warri qabsoo kana taraare otoo jiraatanii unuun hin barsiifne ta'e qaanqeen sun dhaamteeti hafti ture. Sababiinsaa namoonni of baranii dammaqani yeroos dilas waan hin turreef. Yeroo har'aa garuu ilmaan itti guddanneerra seenaa saba keenyaa quba qabaanneerra. Haala itti sabni keenya biyyasaa itti dhabuu danda'e seenaasaa hubanneerra. Seenaa qabsoon Oromoo keessa as kuteefi irra jiru quba qabna. Garamitti tarkaanfachuu akka qabu galmasaa adda baafanneerra. Haala addunyaan keenyi kun keessa jirtus xiinxalleerra. Kumaatamaan otoo hin taane miiliyoonotaan diinota keenya caallee itti dadachaanee guddannee dardarreerra. Nuti yoo keessaa kufnes kan nu yaaddessu hin jiru, qabsaa'aan Oromoo har'a unu malee jirus humna bor galfata keenya galmaan ga'u ta'uu shakkiin hin jiru. Egaa wanti nuti eegnu maaltu jiraree? Sababni nuti gabrummaa dhaloota boriif keenyu sababni isaa maadharee?

Kana gubbaatti, wanti nuti akka sabaatti sirreeffachuu qabnu, Oromoon akkuma beekamu uummata safuu beeku arjaafi garaa

laafessadha. Haa ta’uyyuu malee ammooo Oromoon diinota isaa hundaa mo’ee biyya bareedduu kana tikfatee uummata jiraachaa turedhasi. Kanaaf, hangamillee gara laafinni, namaaf naasuu qabaachuun uumama Oromoo ta’ullee, garuu Oromoon ammaa booda diinasaatti garaa jabaachuu qaba. Amala kana shaakaluunsaas dirqama ta’a.

Mee as kubbaatti walaloo Dr Zalaalam kan “ABBAA CAALII!!...” jedhu, Yoo of harkaa qabdan dhaggeeffadhaa….

Egaa, hamiifi wal sakaaluu haa dhiifnu, humna Oromoo asiifi achi facaasuu dhiifnee Oromoon marti biyya keessaafi ala jirru akkasumallee diina jala bobbaatanii jirtan illee, carraafi egereen Oromoo harka keenyarra jiraachuusaa beeknee, biyya keenya halagaan dhaalamne deeffachuuf yeroo kamiyyuu caalee yeroon itti jabaannee falmachuu qabnu, ammmadha.

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti sabni kamuu ykn dhaabni kamuu, qabsoo bilisummaa kan gaggeessu qaama lammaffaa ykn sadaffaa abdateeti taanaan abadan bilisoomuu hin danda’u! Sababiinsaa qabsichi gaafa qaama lammaffaa ykn sadaffaan kun irraa dhaabbate hafa jechuudha.

Kanaaf qabsoon Oromoo seenaasaa keessatti qaama lammaaffaa ykn sadaffaa irratti bu’urfamee hin beeku! Ammaa boodallee hin bu’urfamu!

Janaraal Alii Sabbattar(janaraala Soomaaliiyaa kan ture) gaafa gooticha Oromoo Janaraan Huseen Buneetiin, “Wallaahii Billaahii ani Somaalee Aabbooti jedhii kakadhu gargaarsa meeshaa waraanaan siif godha” jedhe sun “Wallaahii Billaahii Ani Oromoodha! Jedhee kan dura dhaabbate dhugooma dubbii kanaaf raga guddaadha.

Jidduu kana akkuma holola wayyaanee irraa dhageenyu Piresedaantiin Ameerikaa Baaraak Huseen Obaamaa Ethiopia daawwachuuf akka dhufu, wayyaaneen hafarsaa jirti.

Moototii abbaa irree wajjiin hiriiruun qaaniifi taajjabni isaa Ameerikaa matuma isheef saalfachiisaa ta'a malee, qabsoo Oromoo irratti jijjiirama fidu tokkollee akka hin qabaanne beekuu qabna.

Duras ta'u nuti qabsoo kan jalqabne ebelu nuuf tumsa ykn nu deeggara jennee abdannee otoo hin taane Haqa keenyaafi Rabbii keenya abdanneeti qabsoo jalqabne. Har'as ; boris kan abdannu kanumaafi kana qofaadha!

Dhugaa qabnuuf tokkummaa keenya eegnee yoo falmanne haqa keenya ni arganna!

Qabsoon kan jiru, Oromiyaa keessa qofaa miti. Yeroo har'aa addunyaan kun marti qabsoo ajaa'ibsiisaa ta'e keessatti argamti. Shakkii tokko malee kan tilmaamuun danda'amu addunyaa keenya kana irratti yeroo gabaabaa keessatti jijjiiramni bu'uuraa akka dhalachuuf taa'u mamiin hin jiru!

Jijjiiramni dhufu kun ammoo qooda isa irraa eegamu kan bahaa hin jirre moototii gamtooman kanas dabalte, biyyoota qabsoo saboota addunyaa kana irratti dhiibbaa garagaraa geessisuun, qabsoo sabootaa gara  ufiif fedhanitti dabsuun/haqaaqsuun kan beekaman biyyoota tokko tokko irratti illee jijjiirama bu'uuraa fiduu ni danda'a ta'a.

Kanaaf Oromoon eenyuufuu jecha kan qalbiitii cabuufi hamileensaa itti tuqamtu hin qabu! Miilli qabsoo Oromoo kan dhaabbatee jiru Haqa isaafi Saba isaa irradha waan ta'eef!

Kana jechuun hariiroon gara garaa biyyootaafi dhaabota waliin uumuun hin barbaachisan ykn carraalee tasa argamanitti dhimma hin baanu jechuu akka hin taanes haa beekamu!

Garuu, yoomiyyuu, ofuma keenyaan haa jabaannu, jijjiirama matuma keenyaan fiduuf haa carraaqnu! Teenyee eenyu irraayyuu hin eegiin. Ofiif maal gochaa akka jirru of ilaaluu dhiifnee hamii hin afarsiin!

Biiftuun hin gortu, kan goretti dhiiti waan ta’eef! Kanaafuu ufiif yeroon galuu dhiifnee biiftuu komachuu hin qabnu! Ofiif haqarraa dabnee warra haqarra jiru hin hamatiin.

Har’as borus, Falli, Abdiin, Amanamaaf Aanteen Uummata Oromoo Gooticha ABO ti!

WBO irreenkee nuuf haa jabaatu! Injifannoo!!

**(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)**